Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 8ffaa

SEERA KEESSADEEBII

MATA DUREE: **Akeekkachiisa Israa'elotatti keenname**

SEENSA: Waaqayyo saba isra'el lafa onaa keessa yeroo jiraatan kan inni jara barsiisuu barbaadee akka of hin tuulledha. Boriitu biyya abboota isaaniif kakatame sanatti yeroo galan waanti isaaniif ta'e hundinuu Waaqayyo biraa akkasumaan waan isaanii ta'e ta'uu isaa hubatanii akka of gad deebisanii Waaqayyoon qofa waaqessa jiraatan barbaadeeti.

Boqonna kana yeroo dubbifattu waanta waaqayyo kaleessa jireenya kee keessatti hojjete yaadachaa bakka har'a jirtus ituu hin dagatin bor bakka Waaqayyo ittiin siga'uuf jirus amantiin ilaalaa maal akka sirraa eegamu barachuu yaali.

BOQONNAA 8:1-20 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Waaqayyo Israa'eelotaaf kan kenne abboommii hundumaa of eeggattanii yoo eegaan, ----------.
   A/ Ni jiraatu, B/ Ni dhaalu, C/ Ni baayy'atu, D/ Ni jiraatu , E/ Hundumaa
2. Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu,
   A/ Mannaa malee, B/ Bishaan malee, C/ Dubbii afaan Waaqayyoo keesssaa ba'u malee.
3. Yeroo kam Waaqayyoon akka hin irraanfanne of eeggadhu ittiin jedhe?
   A/ Nyaattee quuftu, B/ Yeroo Museen du'uu, C/ dhukkubni biyya gibxii si qabu
4. Lafa bofa hadhaa qabuu fi torbaan qabaan keessa guute
   A/ Gibxii, B/ Lafa onaa, C/ biyya kakuu ittiseenuuf jiran
5. Nyaata abboonni isaanii nyaatanii hin beekne
   A/ Annanii fi damma B/ Mannaa C/ qurxummii fi buddeena
6. _____ badhaadhummaa kana nuuf kenne hin jedhin
   A/ Waaqayyotu B/ humnaa fi jabina hirree koo
7. Waaqolii kan biraaf yoo sagaddan _____
   A/ raawwattanii balleeffamu B/ horanii baay'atu, C/ Biyyattii keessa bara dheeraa jiraatu
8. Dachaan isaa fi tolluun isaa burqaa bishaanii qaba, biyya qamadii biyya garbuu mukeetii waynii fi ejersaa biyya dammaa
   A/ Biyya Gibxii B/biyyaa gaarii C/ Biyya Arabaa
9. Lafa onaa keessa waggoota 40 deemaa yeroo tura
   A/ Uffannii isaanii hin dhumne B/ Miilli isaanii hin iitofne , C/Lachuu sirriid dha
10. Boqonnaa 8 kana keessaa Waaqayyo maal si barsiise? Fayyinaa fi jireenya bara baraa argachuuf waanti ati goote jira?

Gaaffii addaa:

11. Wangeela Matewoos 4:1-10 keessatti Gooftaan keenya Yesus Yeroo Dabiloosiin qorame gaaffiilee sadii gaafatame sanaaf deebii inni akkas jedhamee caafameera jedhee deebiseef sadanu macaafa kam keessatti argama

    A/ Seera Ba'uu, B/ Seera kessa Deebii, C/ Seera Uumamaa D/ Macaafa Faarfannaa